Odeefannoo STD

Hepatitis: Type B - Oro

Dhukkuba Tiruu: Sanyii B
(vaayirasa hepatitis B jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata dhukkuba tiruu B:

- Quunnamtii booda guyyaa 45-180 itti jalqaba
- Mul'ata sanyii dhukkuba tiruu A qaba
- Dhukkuba foonii fi bakka qaamni itti wal-argguu

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Dhukkubni tiruu B haala armaan gadiitiin namarraa namatti daddarba:

- Quunnamtii saalaa dhagna dubartiitiin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduutiin
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Lilmee hashiishiif qaama huruuf akkasumas dhagna tumuuf wal harkaa fuudhanii itti fayyadamuutiin.
- Haadha dhukkubsattuurraa daa'ima reef dhalattetti
- Waan dhuunfaatti fayyadaman waan akka (maqasii, burushii ilkaanii, qeensa muraa akkasumas lootii) wal-harkaa fuffuudhanii itti fayyadamuu

XAAXAWWAN/ BOODDEE

Dhukkuba tiruu B:

- Dhukkuba tiruu isa gadheetti geessa. Kunis cirrosis, golfaa (*cancer*) tiruu akkasumas du'a fida
- Haatii dhibamte *vaayirasicha* mucaa reef dhalatetti dabarsiti
- Mucaan kanaan qabame baataa *vayirasichaa* ni ta'a
- Namootni *vaayirasicha* baatan immoo dhukkubicha ni daddabarsu
- Namootni 1% gadi ta'an akkuma dhukkubichi jalqabeen du'u

ITTISA

Odeefannoo haala daddarbiinsa dhukkuba Tiruu B xiqqeessuuf fayyadan:

- Lilmoo hashiishii, kan tumaa akkasumas kan gurra ittiin huran namootarraa fuudhanii itti fayyadamuu dhiisuu
- *Latex kondomiin* yoo sirritti itti maa'yee ba'ame daddarbiinsa dhukkuba tiruu B xiqqeessuu ni danda'a
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu ykn karaa dhagna dubartii yammuu gootu yeroo hundaa *latex koondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa meeshaa dhiiraa afaaniin luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Quunnamtii foonii afaaniin dhagna dubartii ykn hudduu araabuun yoo goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn koondomii lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xiqqeessi
- Meeshaa dhunfaatti itti fayyadamtu akka maqasii nama waliin itti hin fayyadamin
- Yoo haadha dhukkubdurrraa daa'imni dhalatte lilmee ittisaa mucattii waraansisi
- Lilmoon ittisaa dhukkuba tiruu B'n daa'ima hundaaf, nam-guddaadhaaf akkasuma namoota quunnamtii saalaa godhan hundaaf barbaachisaa dha

DAWAA/ YAALA

Haala quunnamtii dhukkuba Tiruu B ittii geggeessitu:

- Lilmeen *immune globulin* dhukkuba tiruu B jedhamu quunnamtii dhiigaa gootee guyyaa 7 keessatti ykn quunnamtii saalaa gootee guyyaa 14 keessatti ni kennama. Lilmeen ittisaas barbaachisaa dha

ODEEFFANNOO KANARRA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348
www.cdc.gov

Daandii CDC dhukkuba Tiruu
(CDC Hepatitis Hotline)
1-888-443-7232; www.cdc.gov/ncidod/diseases/hepatitis

Kutaa Fayyaa Minnesota Department of Health, STD and HIV Section - Amajjii 2006